# ***Darbiinsa yeroo waliigaltee inshuraannsii (policy) waliin walqabataan fi maalummaa seeraa inshuraansii.***

////////////////====/////////////====/////////////=========/////////////=======///////////////

@lawyerSemir J. https://t.me/SJ1justice

- ✓ Insurance: - Addunyaa keessa jiraachaa jirru kana keessatti wanti qabatamaan (certain) ta'e hin jiru balaan adda adda qabeenya fi lubbuu keenya irra gahuu danda'a. dhalli namaa yeroo lubbuun jirutti qabeenyota adda adda kanneen akka mana, konkolaata, fi kanneen biraa ni horatu. qabeenya horatee kanaafis akka miidhaan irra hin geenye eegumsaa barbaachisu ni godhaaf midhaan yoo irra gahe immoo sodaa qabuuf akka bakkatti isaaf deebi'uuf furmaata ni barbaada furmaatni inni barbaadu kessaa tokko waliigaltte inshuraansii gosa adda addaa seenuudha. Darbees lubbuu isaaf, miidhama qaama, fayyaa ofii isaafi maatii isaan walqabatee dhufuuf waliigaltte inshuraansii ni seenuu. Kanaaf waligalteen Kun immoo seera qabeessummaa isaa beekuun fi mirgaaaf dirqama nuti waligaltee kanaan taasifnne seera duratti maal fakkaata, darbiinsi yeroo isaa mirgaa waligaltee sana irraa qabu gaafachuuf yeroon isaa hagami isa jedhu barreefama gabaaba kanaan ni ilaalla.
- ✓ Insurance contract is a contract by which one party (the insurer) undertakes to indemnify another party (the insured) against risk of loss, damage or liability arising from the occurrence contingency. Kana jechuun akkaata waligaltee polisii tajaajila kennaa sanaan tajaajila kennuuf tajaajila kennaan sun (the insurer) yeroo balaan qaqqabetti nama ykn qaama tajaajila fudhatu sanaaf ykn tajaajilamuuf waligaltee taasisee (the insured) tajaajila barbaachisuuf beenya'uu ykn bakka buusuu jechuudha. (hiikka akka an hiiketti.)
- ✓ Hikkoon inshuransii seera biyyaa keenya keessatti provision seera hariiroo hawaasaa kewt. 1725(b) fi seera daladalaa kewt. 654(1), 657(1) fi 662 (1) irratti hiikkoon isaa policy fi waliigaltte jedhee bifaa garaagaraan haa kaa'u malee guduunfaan yaadiichaa ykn provison lamaan kana yeroo ilaalamuu qajeelfamaan haa deeggaramuu malee **waliigaltte (contract)** dha jedhamee fudhachuun ni danda'ama. Waligaltteen insuraansii yeroo taasifamus uulaagawaan gutamuu qabu kanneen seerota waligaltte jalatti bu'uurefamaan kanneen akka Dandeettii, formi (dirqama barreefamaan ta'uu akka qabu) , fedhii guutuu fi object ( waligalteen taasifamuu seera qabeessaa , kan safuu,aadaa fi duudha hawaasaa hin faalleesine ta'u fi rawwachuuf kan danda'amuu ta'uu qaba). Ulgawwan kana gutuu hanga qabutti insuraansiin waligaltte jechuu dandeenya.

## Darbiinsa yeroo waliigaltee inshuraansii (policy).

Darbiinnsi yeroo hiikkoo isaa maal akka ta'ee barreefama gabaaba asiin dura darbiinsa yeroo seeraa hojjataaf hojjachiisaa jedhu irratti isiniif ibsuuf yaaleen jira chaanalii tg kana irraa click gochuun https://t.me/SJ1justice argachuu dandeessu hubannoo dabalataas darbiinsa yeroo seera hojjataaf hojjchiisa (DYSHH) irratti waan argachuu dandeessanuuf buufadhaa dubbisa.

- ✓ Darbiinsi yeroo sababa waliigalttee inshuraansiin himannaa dhiyeessuuf sababaan himanna guyyaa beekame irraa jalqabee waggaa lama giddutti dhiyaachuu qabu seerri daladalaa kewt. 674. ni tuma.

- ✓ Sabaaba waliigaltee inshuraansii ttin himanni dhiyaatuu kamuu sababaa himata Sanaa kan ta'ee balaan qaqqabee irraa kaasee namoonni dhimmachaa irraa mirgaa qaban guyyaa miidhaan qaqqabu beekan irraa jalqabee waggaa lama giduutti dhiyeefachuu qabu.

- ✓ Wantti dhokataan, jecha sobaan wanti dhiyaatee yeroo mudatu guyyaan darbiinsa yeroo isaa kan inni lakkawamuu jalqabu tajaajila kennan (the insurer) wanta kana guyyaa beeke irraa jalqabeeti.

- ✓ Manni murtti waliigalaa dhaddacha ijibaataa federaalaa jillddi 10 ffaa lakk.galm. 46778 irratti seera daladalaa kewt.674(1) fi 754(1) sababeefachuun murttii kenneen yeroon darbiinsa yeroof kenname waggaa lamaa akka ta'ee fi kana immoo waliigaltteen illee gabaabsuun hin danda'amu jechuun murtti kennee jira.

Galatoomaa !!!

Dogoggora jiruuf na ofkolchaa, Yaadni dabalataas yoo jiraate naan ga'a fuula duratti ballisnnee waliif akka qoodnuuf.

Jibrilsemir@gmail.com

Caanalii telegraami kanan join godha :- https://t.me/SJ1justice

**Maddoota wabii;**

**Kitaaboota fi barreefamoota adda adda.**

1,. murtti dhaddacha ijibaata jildii 10 ffaa lakk 46778 irratti kenne.

2.ይርጋ በኢትዮጵያ ህግ kitaaba Efreem Asmaariin barra'ee

3, kitaaba pro xilahuun teshoome law contract Afaan Amaariffaan barra'e fi

4. miidaa hawaasaa youtoube, facebook irraas fayyadameera.

@lawyersemir j. (L.L.B) Ogeessa seeraa (dubbi fixaa) Dhaabbata Humna Elektirikii Itoophiyaa.

Chaanalii telegraami kanan join godha :- https://t.me/SJ1justice